qaanqee@hotmail.com
Lakk. 9

WAXABAJJII, 2002

IJA DUBBII: Harqootaa gabrummaa jalaa walaba bahuu dhaaf, qabsoo dhaan Oromiyaa bilisoomsuun filmaata gita biraa hin qabne. Bilisoomuu dhaaf, jaarmaya cimaa qabaatuunis dirqama taha. Jaarmayni ammoo hoggana sonaa (effective leadership) qabaatuun isaa murteessaa dha. Hogganni, yoo dandeettii gaha fi ilaalcha bilchaataa (competency and vision) hin qabaatne, qabsoo fiixa baasuu hin dandawu. Jaarmaya cimaa fii hoggana sonaa malee biyya bilisoomsuuf yaaluun, akka nama bishaan keessaa dhadhaa baasuu dhaaf umrii guutuu raasuu ti. Qaanqeen Bosonaa qabxii kana xiinxallee dhiheessa.

Qabsoo dhaaf Hoggana, Hogganaaf Qabsoo nu Barbaachisa.

Gaafiin belbeltuun yeroo ammaa, jaarmaya jabaa imaammata qabsoo bilisummaa irratti bu'urfame wajjiin waayee hoggana sonaa horatuu ti. Jaarmayni tokko, bu'ura jabaa qabaatus, hoggana bilchaataa malee qabsoo warraaqisa bilisummaa tarkaanfachiisuu hin dandawu. Sagantaa baafates fiixaan hin gahu; fuulduratti tarkaanfatuunis hafee, duubatti deebi'a; guddatuu-illeen dhaabatee qancara; jaalatamuu-illeen hobba'ee jibbama. Kun haqa Saayinsii ogummaa hawaasaa-ti.

Dhugaa kana mee fakkeenna adda addaa tiin haa laalluu: Maatiin tokko abbaa-warraa fi haadha-warraa qaba. Isaan lameen karoora lafa kaayatan irratti dhala isaanii gorfatanii, adabaan (naamusaan) guddisanii namummaa guutuun gahan. Yoo kana hin tahin, ilmaan isaanii sona-dhablee tahanii--- maqaa haadhaa-abbaa-tis balleessan. " Akka ilmaan warra eba'luu " jedhamee himama.

Akkuma maatii-tti, gandis abbaa qaba. " Ganda warra ebaluu" jedhamee manguddoo isa hogganuun (bulchuun) himama. Kaaya, cidha, wal-diddaa, jaarsummaa, yakka, …… kanaafii sirni kana fakkaatu martinuu karaa manguddoo kanaa tiin raawwatama. Gammachuu fi gadda argamu hunda isatu sirnaan geggeessa.

Manni baruumsaa tokkos yoo bulchaa (hogganaa) jabaa hin qabaatin, sagantaa baruumsa waggaa tiif baafate bakkaan hin gahatu. Barsiiftotaa fi barattootnis hariiroo nagayaa hin qabaatan. Warshaan tokkos, yoo hogganaa (bulchaa) cimaa hin qabaatin, oomicha irraa eeggamu akka yaadame-tti hin galchu.

Hawaasa dhala-namaa qofa osoo hin tahin, beeyladaan (busawni) ka afaan waliin dubbatu hin qabneeyyuu akkamitti akka wal-hogganu ilaaluun qabxii irraa dubbataa jirru kana daran ibsa. Fakkenyaaf: loon bobbaa oolee wayta saafaya gara qa'eetti fuula deebisatu, "ayraa" hogganee isa galchu qaba. Ayraan, sa'a yookaan qotiyyoo loon dura deemee hogganee qa'etti galchu jechuu dha. Loon tarree galee--- wal-duraa duubatti dacha'ee deemu namni siraan hubate, faaydaa "hogganaa" ifatti arga.

Loon caalaa kinnisatu nama dinqisiisa. Kinniisni mootii (hogganaa) waan qabuuf: dirqama addaan

qoodamee, hangi tokko gaagura-tti hafee nyaata tolcha; kuun waardiyaa dhaabatee diinaa eega; gariin daraaraa funaanaa oola; kuun ammoo imala fagos tahu bararaa (balali'aa) oolee bishaan waraabee gala. Utuu tartiibaan hujii gargar qoodatu baatee, kiniifni martinuu bakka takkatti gaagura keessaa yaa'ee bobba'a. Garuu, kinniisnis tooftaa jireenna mataa isaa qaba. Mootiin hoggnamee bula. Kinnisni mootii hin qabne "hiyyuu" jedhama. Hiyyuun, gaagura-tti yookaan holqa-ttillee hin galu; dayma (damma)–s hin daymeessu; faffaca'eetuma muka-rra qubatee haga jiraatu hiyyoomatee jiraata.

Hawaasni mata-duree sonaa hin qabnes akkuma kinniisa mootii hin qabnee ti. Waan barbaade hin argatu; bakka yaade hin gahu; dagaagee hin duroomu, lolee hin moohatu.

Jireenna hawaasaa keessatti hogganni akkaan barbaachisaa tahuu isaa taligaa raayyaan (humni waraana) ittiin bulfamu hubatuu caalaa ka ifatti ibsu hin jiru. Gurmuun waraanaa martinuu, ajajaa (hogganaa) ramadameef qaba. Qajeelfama ajajaa kanaan tiin duula-tti bobbaafama.

Waraanni kun: boqatuuf, sooratuuf, qubatuuf, diina irratti dhukaasuuf ajajaa kanaan hogganama. Dadhabeef hin boqatu; beelaweef hin sooratu; aduun dhiiteef hin qubatu; nyaapha argeef hin dhukaasu. Tarkaanfii hundaafuu ajaja eeggata. Yoo qubatus, lafa dahataa fi miliqaafis mijjaawu hubatee, akkaataa hidhatnoo murnaa tiin loltootaa mara hulaa toohannaa qabsiisee, waardiyaa nageenya raayyichaa eeguu dhaaf wal-dabaree dhaabatus ramadee, jecha sirrii (iccitii) kan halkan saniif ittin wal-hubatanis moggaasee waraana san kan bulchu ajajaa dha. Lola keessattis, yeroo waraanni dhukaasaa banuu fi dhaabuu qabus kan labsu isa. Utuu kana tahuu baatee, waraanni tokko---loluma tokko qofa keessa-tti rasaasa fixatee harka kennata yookaan ni dhuma ture. Akkaataa lolaa xiinxallee, yoo humni diinaa laafe " fuulduratti", yoo humni diinaa itti jaabaate " duubatti deebi'aa" jedhee tooftaa dhaan ajaja-ichi waraanaa isaa hoggana.

Ajajaan kun, beelaa fi dheebuu, dadhabbii fi dararaa mara loltoota wajjiin qoodatee jiraata. Lolee lolchiisa. Tooftaa leenjii fi muuxannoo irraa barate-tti gargaaramee nageenya raayaa isaa eegaa --- dirqama itti kenname kan saba bilisoomsuu-tis tarkaanfachiisa.

Sabni bilisummaaf qabsaawu yoomiiyyuu lola keessa jira. Qonnaan-bulaan, daldalataan, barsiisaan, barataan, walumaa galatti ummatni martinuu danbalii lolaa keessa jiraata jechuu dha. Kanaafuu, sadarkaa hunda-ttuu mata-duree (hoggana) isa barbaachisa. Ummatni bilisummaa falmatu, sirna gabroofataa irratti finciluuf, hiriira mormii geggeessuu fi tarkaanfii dalagaa-dhaabinsaa tis fudhatuuf, qajeelfama qindoominaa qabaatu-tu irra jira.

Qabsoo bilisummaa fiixa baasuu dhaaf, dhaaba cimaa hoggana akkaan bilchaateen geggeeffamu, ka ummata keessatti maadhee qunnamtii diriirfatee hawaasa sochoosu qabaatuun murteessaa dha. Yoo kana tahe qofa, waraanaa fi ummatnis tarkaanfii qindoominaa kan diina raatessu fudhatuu ka dandawu.

Gabroomfataan Habashaa haga fedhe hidhatno qabaatus, jaarmaya hoggana bilchaataa qabu jalatti gurmaawee ummata haqa isaa falmatu dura-dhaabatee hin milkaawu. Gamaa gamanaa yoo dhawame, qaawa inni cufuu hin dandeennetu Kabaa-Kibbaa fi Bahaa-Dhihaa itti banama. Riiphxee loltootni

raayyaa bilisummaa, haleellaa addaan hin citneen diina afoolleessan; waraana isaatis tarkaanfii tasaa tiin wareersanii ganamaaf-galgala, bariif-golgola, waareef waarii, halkaniif guyyaa, bonaaf-ganna, baddaaf-lagatti, dhiibuuf-dirretti…ibidda itti shidanii…sodaa qaama keessa yaasanii… tasgabii dhabsiisuu dhaan onnee cabsan; garaa roraasanii hamilee isaa unkuteessan. Yoon kun tahe bilisummaan argama.

Kun tahuun hafe, akka qocaa tarkaanfataa, " carraa hambaan aangoo itti qoodamu eeggataa", waggaa tokko keessatti, loltoota Wayyaanee lamaa-sadih "ajjeefanee … qawwee shan boojine" jechaa geerraruun, eessaanis nun gahu. Of-sobanii ummatas sobuun raawwatuu qaba. "Namicha adamoo arbaa tiif ergametu kuruphee (kuruphoo) ajjeesee qe'e-tti deebi'ee geerrarsaan ganda naagaa dhoorge" jedhan! Mee itti yaadaa!

Namoonni biyyoota alaa keessa jiraatan, "Video" bara baraan 'buusii hawata-siyaasaa-f ' jecha qindeeffamuun erga sammuun isaanii diilallaawee tureera. Ummatni biyya keessaa ammoo, "bilisummaan Awuroophaa fi Ameerikaa irraa akka shaqaxaa-tti roophilaan fe'amee gala" herrega jedhuun sobamee of-dagee jira. Walabummaan garuu, wareegama qaaliin argama. Walabummaan, dafka qabsoo tiin biqilee, dhiiga qabsoo tiin saaree daraara. Kanaafuu, "ebalutu nuuf qabsaawaa jira" jechuun hafee, qabsoo bilisummaa-tti dammaqqii dhaan hirmaatuun fala gudhaa dha.

Gara qabxii jalqabneetti yoo deebine, namni ummata hogganu tokko ulaagaalee itti madaalamutu jira. Hogganaa adda bilisummaa tis tahii kan dhaabbata daldalaa yookaan warshaa, mana-barnootaa,….kwf, qabxiiwwan itti madaalamu keessaa ijoon: ilaalcha bilchaataa, haalaa-amala gaarii, qulqullummaa, gaachana, dandeettii gahaa, muratnoo, … qabaatuu dha.

Hogganaan yoo ilaalcha bilchaataa (VISION) qabaate, ummata kaanyyoo tokko jalattii deebisee tarkaanfachiisa. Hogganaan yoo ilaalcha jabaa qabaate , qalbii ummataa hawatee qabsoo dhaaf si'eessa (ka'kaasa). Bilchina ilaalchaa dhabuun, hiyyummaa-ilaalcha siyaasaa dhala. Hiyyummaan ilaalcha-siyaasaa ammoo, bara baraan qabsoo laamshessee qancarsuu malee gara galii imaammatamee-tti nama hin geessu. Haala qilleensa siyaasaa hubatanii, tooftaa dulloomaa jijjiiranii mala haarawa baafatuu dhaan qabsoo bilisummaa gabbisuun, ilaalcha bilchaataa gaafata. Rakkoon guddaan daandii qabsoo bilisummaa Oromoo-tti gufuu tahe, hoggana ilaalcha sonaa qabu dhabuu dha.

Fakkeenyaaf: aangawoota jaarmayoota bilisummaa Oromoo hunda madaalii kanaan yoo xiinxalline, dadhabbii jiru hubatuun rakkisaa miti. Manguddootaa fi gameeyyiiwwan qabsoo hogganaa jiran maraaf, qindeessitootni Qaanqee Bosonaa ulfina guddaa qaban. Garuu, kun dhimma sabaa waan taheef jecha, " waayee jibbaaf-jalaa" irraa walaba tahutu irra jira. Kabajaa walii eegaatuma, yoo dhugaa jiru walii himne, namootni amma handhuura-hogganummaa (Core-leadership) dhuunfatan kun, qabsoo bilisummaa ka tooftaa walxaxaa dhaan geggeeffamu tarkaanfachiisuu dhaaf dandeettii fi ilaalcha gahaa hin qaban jetnee amanna. Keessumattuu, dhaaba namoota "sadih" qofaan hogganamu ---ABO, jarreen hogganan, tarsimoo fi tooftaa siiyaasaa bilisummaa sabaa baasanii saba guddaa kana qabsoo irratti bobbaasuu dhaaf ilaalcha bilchaataa fi dandeetti gahaa hin qaban. Kana duwwaa miti. Namoota bilichina siyaasaa tii fi beekkomsa cimaa qaban'mmoo akka nyaaphaatti of-irraa fageessan. Kanatu daran isaani fi jaarmayichas laamshesse. Duuba mee bilisummaan akkamitti dhufa? Waaqa irraa gad nuu roobaa?

Dhalli Oromoo hundinuu gaaffii kana deebisutu irra jira!

Hogganaan muratnoo, qulqullummaa fi xaliilummaa siyaasaa, akkasumas haalaa-amala boonsisaa hin qabne, nama isa hordofu hin horatu. Ummata birattis fudhatama hin argatu. Qabsoon bilisummaa sabaa, hogganaa gaachana qabu, kan dubbate hawaasa amansissu, kan fakkeenna tahee yaada ummataa hawatee (harkisee) hordoftoota qadhaabatu, barbaada.

Hogganni, sochii warraaqsa bilisummaa ummataa keessatti dhalatee , guddatee dagaaga. Hujii isaatiin gatii fi ulfina argata; ummataanis ammatamee miseensotaa fi deeggartoota hawata.

Hooganni tokko haga fedhe saba jaalatus, … qabsoo bilisummaa-tiif wareega baasuuf muratee ka'us,… yoo dandeettii ittiin qabsoo sochoosu hin qaabtne, yaaliin isaa hawwii bira hin dabru. Haala siyaasaa addunyaa ka yeroo ammaa akkaan wal-xaxe keessatti, dhaaba adda bilisummaa (National Liberation Front) masakuun, bilchina sadrakaa ol'aanaa gaafata. Dameewwan dhaabaa: kan siyaasaa, kan diplomaasii, kan odeeffatnoo, kan waraanaa, …kkf qondaaltota hogganaaniif qajeelfama barbaachisu kennuu dhaaf : aangawoonni Waajjira Hayyu-Duree, beekkomsaa fi hubatnoo namoota san irra caalu yoo hin qabaatin, itti-gaafatama harkaa qaban fiixa baasuu hin dandahan.

Walumaagalatti, qabsoon bilisummaa Oromoo jeeqamiinsa hogganaa (leadership crisis) keessa jira. Saba gurmeessee, waraana bilisummaa masakee, hogganni qabsoo gara galii imaammatamee-tti geessu hin jiru. Akkuma armaa olitti ibsametti, hujiin sabboonota kaayyoo tokko jalatti gurmeessanii qabsoo irratti bobbaasuu dhaa: hoggana ilaalcha bilchaataa, dandeettii gahaa fi muratnoo jabaa qabu barbaada. Lammiiwwan Oromoo naannoo jiran hundattuu dirqama kanaaf of-qopheessutu irraa eeggama.

• Oromiyaan qabsoon bilisoomti!
• Hogganni qabsoo ummataa keessatti dhalata!
• Qabsoo dhaaf hoggana, hogganaaf' ammoo qabsoo barbaachisa!